# Namni osoo aduun hin ba’inii fi osoo aduun hin lixin salaate ibidda jahannam hin seenu

Abuu Zuheyr Umaaraa bin Ru'eybaa irraa odeeffame Rabbiin irraa haa jaallatu akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: «Namni osoo aduun hin ba’inii fi osoo aduun hin lixin salaate ibidda jahannam hin seenu».
[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jechuudha himan : Namni salaata subhii fi salaata asrii salaatee, san irratti tikfate ibidda akka hin seenne himan, salaata lamaan kanneen wanti adda baasaniif; isaan lamaan salaata hunda caalaa waan ulfaatoo ta’aniif jecha, akkasumas yeroon salaata subhii yeroo hirribni mi'aawu keessatti dhufa, yeroon salaata asrii immoo yeroo namni hojiilee adda addaa fi daldala guyyaa irratti bobba'u keessatti ta'a. Namni rakkina waliin salaata lamaan kanneen irratti tikfite, salaatowwan hafan irratti tikfachuun isaaf salphaadha.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC
E-Da'wah Committee